# BOQONNAA MINNESOTA KAFFALTII QABU

Amajii 1, 2026 **tti hojii irra oola**

## Boqonnaan Kaffaltii Minnesota yoo maatii keessanii fi ofii keessanii yeroo itti of kunuunsitatan barbaadannii kaffaltii fi eegumsa hojii kenna.

### Boqonnaa kaffaltii kana maaliifaan fayyadama?

Boqonnaa Fayyaa:

- Kunuunsa yeroo ulfaa, daa'umsaa, fi dandamachuu dabalatee, haala rakkoo fayyaa keessaniiti of kunuunsuuf

Boqonnaa Maatii:

- **Boqonnaa hariiroo** - Daa'ima dhalatee, guddiffachaa, ykn nama guddisu bakka buusuuf kunuunsa godhamuuf
- **Boqonnaa kunuunsaa** - Miseensa maatii dhibee cimaan dhukkubsate kunuunsuuf
- **Boqonnna Maatii Loltuu** - Miseensa maatii deeggaruun hojii si'aawa jedhama.
- **Boqonnaa of Eeggannoo** - dhimmoota akka dhibbaa logummaa, miidhaa saalaa, ykn miseensa maatii fi of irra gahuuf deebii laachuu

Walumaagalatti, dhimmoota qaama tajaajila fayyaa kennuun ykn ogeessa biraatiin guyyaa torbaa ol turuun mirkana'ef.

### Boqonnaa koo kaffalamu xumuree jira?

Hojjattoonni baay'een Minnesota keessa boqonnaa kaffalamuun qabu. Hammam hojjataa, ykn sa'aatii ykn guyyoota hojii qabatuyyuu isinii uwwifama. Kontiraaktaroota of danda'aee fi nama hojii dhuunfaa hojjetaniif battalatti hin uwwifamu garuu filachuu danda'u. Kaffaltii argachuuf ulaagaa guutuu kan dandeessan bara darbe keessa hojii Minnesota keessatti hojjettaniif maallaqa xiqqaan siif kaffalame ($3,900 jalqabatti kaffaltii Boqonnaa bara 2026).

### Boqonnaa hangamin fudhadha?

Bara hojii tokkotti boqonnaa fayyaa fi maatii hanga torbeewwan 12 fudhachuu ni dandeessu. Bara hojii tokkootti boqonnaa fayyaa fi maatii lamaanuu yoo barbaaddan, walumaagalatti hanga torbeewwan 20 argachuu ni dandeessu.

### Hangamtuu na kaffalamuu danda'a?

Boqonnaa kaffaltii qabu yoo fayyadamtan, bulchiinsi kaffaltii keessan isiniif laata. Boqonnaan Kaffaltii, sadarkaa galii kee irratti hundaa'uun, maallaqni guddaan torbanitti mindaa torban giddu galeessaa kutaa biyyattii irratti murtaa'en, hanga 90% mindaa keessanii ni kaffala. Hammi kun waggaa waggaadhan ni jijjiirama, akkasumas jalqabaaf kaffaltiin boqonnaa bara 2026 $1,423.

### Kaffaltii boqonnaa eenyutu kaffala?

Kaffaltiin boqonnaa k kaffaltii hojjattoota fi qacartoota irra argama. Hammi reetii kaffaltii jalqabaa 0.88% mindaa uwwifameeti. qacaraan keessan hanga 0.44% mindaa keessanii hir'isuun kaffaltii Premuim keessaniif oolcha.

### Eegumsi Hojjataa koo maal fa'a?

- **Eegumsa hojii**: Walumaagalatti, yeroo boqonnaa irraa deebitu hojii kee ykn bakka walqixa ta'etti deebi'uu qabda. Eegumsi Hojii guyyaa qacartee irraa guyyaa 90 booda hojii irra oola.
- **Itti fufiinsa inshuraansii fayyaa**: Walumaagalatti, qacartoonni yeroo boqonnaa irra jirtutti kutaa kaffaltii inshuraansii kunuunsa fayyaa isaanii maallaqaan gargaaruu itti fufuu qabu.
- **Haaloo bahuu ykn gidduu seenuun hin jiru**: qacartoonni yoo ati Boqonnaa Kaffaltii iyyattan ykn fayyadamtan isin gidduu seenuu ykn haaloo bahuu hin qaban. Qacartoonni Kaffaltii boqonnaa keessanii irraa fudhachuu hin danda'an.

Gaafii kaffaltii Boqonnaa waliin walqabatee jiruuf, mee Boqonnaa Kaffaltii Minnesota 651-556-7777 irratti qunnamaa ykn marsariitii keenya daawwadhaa.

Yoo qacaraan keessan eegumsa hojii cabsaa jira jettanii yaaddan, damee Istaandardii Hojjetaa Kutaa Hojjetaa fi Industirii Minnesota qunnama.

**DABALATAAN BARACHUU:** paidleave.mn.gov

Odeeffannoon kun namoota qaama midhamtoota ta'an ykn namoota gargaarsa afaanii barbaadaniif giddu gala qunnamtii 651-556-7777 ykn 844-556-0444 irratti bilbiluun bifa filannootiin kennamuu danda'a (sarara bilisaa).

MINNESOTA PAID LEAVE



Minnesota Paid Leave | 180 E 5th St Suite 1200 | Saint Paul, MN 55101